Oromo | Afaan Oromoo

# fooyya'iinsa fooqiiwwan (high-rise)

## Adoolessa 2024



Homes Victoria Abbootii Dachee Jalqabaa (Traditional Custodians) kan manneen kun irratti ijaaramaa jiraniif beekamtii kenna. Maanguddoota isaanii kan durii, kan ammaa fi gara fuulduraatti jiraniif kabaja keenya ni kennina.

# Baga nagaan gara manaatti dhufte Rooz!

**Rooz fi maatiin ishee gara Flemington deebi'uu isaaniitti gammadaniiru.**

Rooz kireeffattoota hedduu mana yeroon isaa darbe Victoria Street irratti argamu keessaa ba'an keessaa tokko turte. Akka qaama irra deebiin misoomsuu iddoo kanaatti manneen hawaasummaa fi gatii madaalawaa ta'an ammayyaa, dhaqqabamaa fi anniisaa qusatu 359 ijaaramaniiru.

Rooz fi maatiin ishee hawaasa Flemington keessa deebi'anii jiraachu isaaniitti gammadaniiru.

**Waa'ee seenaa Rooz caalaatti baruuf koodii QR fuula kana jala jiru scan godhaa.**




## "Deebi'uu kootti gammadeera. Kun mana kooti, wanti akka Flemington ta'u hin jiru.

www.homes.vic.gov.au/roses-story

# Mana baay'ee fi fooyya'aa ijaaruu

**Hojii soorama baasuu fi fooqiiwan xuubii diimaa Kaarltoon keessa jiran irra deebiin misoomsuu itti fufnee jirra.**

Kireeffattoota, qooda fudhattootaa fi hawaasa naannoo Carlton waliin ta'uun karoora gamoo haaraa, iddoo hawaasaa fi mana haaraa bocuuf gargaaraa jirra. Manneen durii 196 manneen jireenyaa hawaasummaa ammayyaa fi anniisaa qusatan haaraa 231n bakka buusuuf gammachuu guddaatu nutti dhaga'ama.



Fooqiiwan xuubii diimaa durii Kaarltoon manneen baay'ee fi fooyya'oo ta'aniif bakka ni bana.

## Manneen hawaasummaa haaraa guutuu Melbourne keessatti argaman ilaalaa



Victoria Street, Flemington



Oakover Road, Preston



Bangs Street, Prahran

Haaromsa masaraa hordofuuf gargaaruuf kana qabaadhu

# Adeemsi irra deebiin misoomsuu akkamitti akka hojjetu

## 1



### Kireeffattoota waliin haasa'uu fi dhaggeeffachuu

Guutummaa pirojektichaa keessatti, iddoowwan dabalataa haaromsuuf karoorfamanii waan jiraniif kireeffattoonni fi hawaasni hiirmaacha jiru. Hirmaannaan kan qajeelfamu duudhaaleen fi qajeeltoowwan kireeffattoota mana jireenyaa olka'aa (foowiiwwan) waliin hojjenneeniidha.

## 2



### Kireeffattoonni bakka biraatti jijjiiramu

Gareen bakka biraatti jijjiiruu keenya qaamaan argamanii akka fedhii fi filannoo keessaniitti mana sirrii ta'e argachuuf kireeffattootaa fi tajaajila hawaasaa waliin walitti dhiyeenyaan hojjetu. Sana booda tokkoon tokkoon kireeffataa dhiyeessii (offers) mijaawaa lamaa argatu. Akkasumas, deeggarsa itti fufiinsa qabu yeroo sochii isaanii fi yeroo mana isaanii haaraa keessa qubatan argatu.


## 3



### Karoora baasuu

Hirmaannaan gadi fageenyaan kireeffattootaa fi hawaasa amma jiran waliin godhamu mul'anni waliinii, dizaayinii mana haaraa fi naannoo haaromfame akka qajeelchu mirkaneessa.

## 4



### Of eeggannoodhaan ijaarsa diiguu

Tokkoon tokkoon gamoo of eeggannoodhaan ni diigama. Gamoo irratti kan hundaa'uu ta'e, kun hanga waggaa lamaa fudhachuu danda'a. Adeemsa kanaan hawaasa odeeffannoo haaraa kan kenninu yoo ta'u, bakka danda'ametti meeshaalee deebifnee fayyadamna.

## 5



### Qophii fi ijaarsa iddoo

Karoorri fi dizaayiniin erga mirkanaa'ee fi ijaarsaan erga muudamee booda ijaarsi mana haaraa ijaaruuf ni jalqaba. Kunis waggaa lamaa hanga sadii fudhachuu danda'a. Hawaasaaf odeeffannoon ni kennama, walitti fufiinsaan taateewwan irratti akka hirmaatan ni affeerama.

## 6



### Kireeffattoota haaraa fi deebi'aniif baga nagaan dhuftan!

Manni jireenyaa hawaasummaa haaraan kun yeroo xumuramu jiraattonni gara mana jireenyaa yeerootti jijjiiraman ulaagaa fi fedhii isaanii itti fufiinsa qabu irratti hundaa'uun mirga deebi'uu ni qabaatu. Kireeffattoonni haaraanis mana ni kennamaaf.

**Odeeffannoo haaraa argachuuf galmaa'aa**

www.homes.vic.gov.au/sign-up-project-updates

**Hooms Viktooriiyaa (Homes Victoria) hordofaa**

Facebook: @homesvicgov
Instagram: @homesvic
Linkedin @homes-victoria

# Hawaasa Keenya, Duudhaaleen Keenya


Hawaasa Keenya: Duudhaaleen keenya tuuta duudhaaleen ta'aanii, kireeffattootaaf kutannoo qabnu bakka bu'anii fi akkaataa itti kireeffattoota waliin walqunnamnu fi itti bobbaannu yeroo irra deebiin misoomsuu fooqiiwwan olka'oo (high-rise) guutuu Melbourne keessatti argaman kan qajeelchuu dha.

Muddee irraa eegalee, kireeffattoota 700 ol waliin mari'annee maaltu akka isaaniif baay'ee barbaachisaa ta'ee fi maal arguu akka barbaadan barreessineerra. Kireeffattoonni duudhaa tokkoon tokkoon irratti yaada nuuf kennanii fi yaadota hedduu kanneen akka yeroo yeroon odeeffanno haraa kennuu, garee WhatsApp, garee sagalee kireeffattootaa, sagantaa walqabsiisaa hawaasaa, deeggarsa kireeffattoota bakka biraatti jijjiiruu fi yeroo ifa ta'e irra deebiin misoomsuuf nuuf kennaniiru.

Yeroo ammaa kana gabaasa yaada nuti arganne fi akkaataa inni duudhaaleen itti boce ibsu xumuraa jirra, kunis booda ji'a Adooleessa keessa maxxansina.

## Duudhaaleen fi qajeeltoowwan hawaasaa maali?

Yaada jalqabaa irratti hundaa'uun wixinee **Hawaasa Keenya: Duudhaalee Keenya jedhu qopheessineerra**. Yeroo fooqiiwwan mana jireenyaa Melbourne keessa jiran irra deebiin misoomsinu, duudhaaleen hawaasaa fi qajeeltoowwan keenya kireeffattootaaf kutannoo keenya ta'ee akkaataa isaan waliin hojjennu kan qajeelchu ta'a.






## Yeroo dabalataa jijjiirama kiraa manaa keessanii karoorfachuuf

Amma hanga Sadaasa 2024tti jijjiirama kiraa manaa keessanii wajjin walsimsiisuuf yeroo qabdu.

Kiraa manaa keessan sirrii ta'e akka issinnii kafalchifnu nu gargaaruufi, akkasumas waan isin barbaachisu qofa akka kaffaltan mirkaneessuuf, yeroo kana dura jijjiiramni galii mana keessanii ykn haala keessan irratti yoo jiraate nuuf ibsaa.

Gaaffii yoo qabaattan ykn gargaarsa yoo barbaaddan karaa:
www.housing.vic.gov.au/contact-housingvic
tiin nu qunnamaa

Kireeffataan kamiyyuu galii isaa keessaa dhibbeentaa 25 hin caalle kiraa manaa kaffaluuf maallaqa deebii'e (rebate ) akka argatu iyyachuun ni danda'ama.

Doolaarri maatii kiraa gabaa kaffalan irraa argamu hundi mana jireenyaa mootummaa fooyyessuutti deebi'a. Maallaqnii kiraan gara wantoota akka suphaa gamoo fi tajaajila kireeffattootaaf, kan akka qulqulleessuu fi kenniinsa tajaajila mana jireenyaa murteessaa biroo mana jireenyaa mootummaa hundaaf kanneen akka maneen olka'aa (high-rise) dabalatee irrattii olaa.

**Kireeffataan mana jireenyaa mootummaa kamiyyuu galii isaa keessaa dhibbeentaa 25 ol kiraa kaffaluu hin qabu. Kun gabaa kiraa dhuunfaa eegumsa kana hin qabne irraa baayyee adda.**

# Xiyyeeffanna Suphaa



**Homes Victoria yeroo kireeffattoonni achi jiraatanitti fooqiiwwan olka'oo (high-rise) itti fufiinsaan akka hojjetan waadaa galeera.**

Wantoonni akka liftii, hojii boombaa bishaanii fi tajaajilli elektirikii akka hojiirra oolan mirkaneessuudhaan manneen fooqii (high-rise) mijataa fi jireenyaaf mijataa akka ta'an sadarkaa guddisuu fi fooyya'iinsa goodhu itti fufnee jirra.

Yaada kireeffattootaaf deebii kennuudhaan, suphaa hatattamaa hin taaneef kenniinsa tajaajilaa fooyyessuuf, bakka fooqiiwwan (high-rise) Kaaba Melboorn, Fleemiingtan, Kaaba Riichmond, Kaarltan fi Koollingwuud keessatti Garee Suphaa Suphaa Naannoo hojii irrattii akka booba'uu gooneerraa. Sagantaan kun kireeffattootaaf bu'aa guddaa argamsiisaa jira, tajaajila kanaan kireeffattoonni dhibbeentaa 95 itti quufinsa qaba.

Kireeffattoonni kumaatamaan lakkaa'aman sagantaa fooyya'iinsa manneen olka'aa (fooqiiwwan) yeroo dheeraaf ture kan kushiinaa fi mana fincaanii fooyyesse, foddaa dachaa lama qabu kaa'ee, akkasumas foyyeroota gamoo fi kutaalee hawaasaa haaromse irraas fayyadamoo ta'aniiru.

**Manni keessan tolchuu ykn suphaa yoo barbaade, Waajjira Mana Jireenyaa karaa sadii qunnamuu dandeessu:**

**Bilbili** 13 11 72

**Email** tenant.maintenance@dffh.vic.gov.au

**Toora intarneetiirraan** www.maintenance.forms.homes.vic.gov.au

# Jijjiirraa irratti odeeffannoo haaraa

**Flemington fi Kaaba Melboorn**

Ji'oota darban keessa kireeffattoonni fooqiiwwan olka'oo (high-rise) Kaaba Melboorn fi Flemington irraa gara mana jireenyaa hawaasummaa haaraa ijaarame kan Victoria Street, Flemington keessatti argamutti ce'aa jiru. Kunis kireeffattoota deebi'an kanneen kanaan dura qaama pirojektii Victoria Street ta'uun bakka biraatti yeroodhaaf turan ni dabala. Mana jireenyaaleen (units) kana kireeffattoonni mana isaanii haaraa bakka jireenyaa mijataa fi mijaa'ina dhuunfaa qaban gammachuudhaan dafanii fudhata jiru.

Yeroo dhiyootti maneen haaraa gamoo keenya isa haaraa Abbotsford Street, North Melbourne keessatti jiran kireeffattaaf ni dhiyaatan. Kun maneen haaraa lamaan naannoo sanaa akka mana haaraatti akka ilaaltan kan isin bira ga'an keessaa isa lammaffaadha. Manneen haaraa Abbotsford Street, North Melbourne irratti argaman ilaaluu yoo barbaaddan qondaala bakka jijjiirruu keessanii beeksisaa. Yeroon itti iddoo sana daawwachuu fi manneen haaraa naannoo keessan jiran ilaaluuf fedhii qabdan ibsitan amma.

Yoo yeroo dhiyootti gara mana haaraatti jijjiiramuu fi adeemsa kana ilaalchisee gaaffii yoo qabaattan, maaloo qondaala bakka jijjiirruu keessan qunnamaa. Yoo qondaalli bakka jijjiirruu keessanii eenyu akka ta'e mirkanaa'aa hin taane, ykn odeeffannoo quunnamtii isaanii hin qabdan ta'e, maaloo iimeelii relocationsteam@homes.vic.gov.au ykn waajjira mana jireenyaa naannoo keessanii qunnamaa gargaarsaaf.

Maatii fooqiiwwan olka'oo biroo jiran hundaaf yeroo ammaa kana socho'uun hin barbaachifne, odeeffannoo fi gorsa kennuudhaaf harka keenya diriirsuu itti fufnee jirra, kanaaf yeroon socho'uu ga'u odeeffannoo guutuu fi deeggarsa akka argattan goonaa.

---

## Odeeffannoo dabalaa

**Daawwachuu:** **www.homes.vic.gov.au/high-rise-victoria**

**Email:** **enquiries@homes.vic.gov.au**

**Giddugala Bilbila (Call Centre) Mana Jireenyaa irratti bilbili** **13 11 72**

---

## Homes Victoria hordofaa

**Facebook:** **@homesvicgov**

**Instagram:** **@homesvic**

**Linkedin** **@homes-victoria**

## Hiikkaawwan

homes victoria

VICTORIA State Government

Mootummaa Victoria dhaan kan hayyamamee fi maxxanfame. 1 Treasury Place, Melbourne. © State of Victoria, Homes Victoria (Daayreektarra Mana Jireenyaa), Adooleessa 2024. Kan maxxanfame Finsbury Green, Melbourne Victoria (HV010324) tiin